Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo tokko tokko wuduu’a godhatan

Ibnu Abbaas irraa odeeffame, Rabbiin isaan irraa haa jaalatu akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo tokko tokko wuduu’a godhatan.
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Yeroo tokko tokko Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wuduu’a yeroo godhatan qaama wuduu’aa hunda yeroo tokko tokko kan dhiqatan ta'an, fuula ni dhiqatan -isuma irraayi lulluuqachuu fi bishaan funyaan keessa ol galchanii gadi deebisuun- akkasumas harka lamaani fi miila lamaan yeroo tokko tokko ni dhiqatan, isa kanaatu wuduu'a irraa hanga dirqama ta’eedha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65081